# Barreessi, Isa lubbuun koo harka isaa jirtutti kakadhee, waan dhugaa ta'e malee irraa hin bahu

Abdullaah bin Amrii irraa odeeffame, Rabbiin isaan lamaan irraa haa jaalatu akkana jedhe: Waan Ergamaa Rabbii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- irraa dhagahu kanin isa sammutti qabachuu barbaade hunda barreessaa ture yoon ta'u, Qureeyshiin na dhoorgitee, akkas naan jedhan: Waan Ergamaa Rabbii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- irraa dhageessu hunda barreessitaa, bar Ergamaan Rabbii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- ilma namaati, haala aarii qabuu fi gammachuu qabu keessatti ni dubbata? isaan akkana naan jennaanin barreessuu irraa of qusadhee, sana Ergamaa Rabbiitti -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- hime, isaanis quba isaanitin gara afaan isaanitti akeekanii, akkana naan jedhan: "Barreessi, Isa lubbuun koo harka isaa jirtutti kakadhee, waan dhugaa ta'e malee irraa hin bahu".

[sirrii] [abuu daawud odeesse]

Abdullaah bin Amrii, Rabbiin irraa haa jaalatu, akkana jedhe: Waan Ergamaa Rabbii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- irraa dhagahe hunda, barreeffamaan qomatti qabachuuf jecha barreessaa ture, garuu namoonni Qureyshii irraa ta'an wahii na dhoorganii, akkas naan jedhan: Ergamaan Rabbii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- ilma namaati, haala gammachuu qabuu fi aarii qabu keessatti ni dubbata yoo ta'u, dogongoru danda'a, kanaaf ani barreessuu dhiise. Waan isaan jedhan Nabiyyitti -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu-hime, isaanis quba isaanitiin afaan isaanitti akeekanii akkana jedhan: Barreessi, Isa lubbuun koo harka isaa keessa jirtuun kakadhe, haaluma hundaa fi jaalalaa fi aarii keessatti haqa malee irraa hin bahu. Rabbiin ol ta'e waa'ee Nabiyyii Isaa -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- yeroo dubbatu akkana jedha: {Inni fedha lubbuu irraa hin dubbatu * inni (wanni inni dubbatu) wahyii buufamu qofa} [Annajm: 3-4].

https://sunnah.global/hadeeth/om/show/65077

النجاة الخيرية
ALNAJAT CHARITY
لجنة الدعوة الإلكترونية
EDC E-Da'wah Committee